

سُورَةُ الْحَشْرِ  
Suuraa Hgashri

\*Duraa dursoo suuraan tun {suuratu Ihgashri} je'anti.

قبل كل شيء هذه هي سورة الحشر

\*Isiin suuraa madiina'aatii .

وهي سورة مدنية

\*Aayaanni isi'ii diiddamii afur {62}

وآياتها ( ٦٢ )

\*Lakkooyisi isi'ii shantamii sagal {59} .

وترتيبها ( ٥٩ )

\*Isiin eega suuraa bayyin a'aati buuta.

نزلت بعد سورة البينة

\* Jalqabni maqaa waaqa xiqqo'oo guddoo qabuutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Wanni sarni'iifii dachii keessa jiru hundi waaqa waan isaan hin malle hundarraa qul-qulleessiti hunda isaatu uumee isaatu qabaa hundi gabrootta isaatii.

سَبَّحَ لِلَّهِ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

\*Rabbiin mootii waa takka isa hin injifanne.

وَهُوَ الْعَزِيزُ

1} \* kan hikmaa qabu, kan dalagaan isaa hundi akka malee hin taane .

الْعَلِيمُ

\*waaqni isa warra isatti kafare yahuudaa biyya, yookaa manneen isaanitii baase , yookaa arie , warri Rabbiin manootii isa-

هُوَ الَّذِي أَخْرَجَ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ مِنْ

anii keessaa yaase orma yahuuda`aa tokko kanneen {baninnadiir} je'aman, isaan shaamirraamadiina'atti galanii yoo nabi Muhammad kan kitaaba isaanii keessatti asxaa isaa arganii, ergamuu eegan, yoo ergame itti amanu'uu jecha, duuba nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu ergamee madiina'attigalJaan, ormi arabaa kan madiinaa qubatu kan yahuuda'arraa dhagaye itti amanee , ammoo yahuudonni sun maalif nabiyyichi kun gosa arabarraa taye? Maalif yahuudaa tayuu oole? Je'anii itti amanuu didan haa tayuu nabi Muhammad mootummaa islaamaa madiina'atti dhaabnan , wanni isaanin je'e. Nagayaan biyya madiina'aa taa'aa naan tumsina'aa, nattin tumsina'aa je'eenii akkasit ti baallama, nabiif seenanii, odoo taa'anuu diina nabiitin wal tayanii.inumaa nabi Muhammad ajjeesu'uu muratanii , nabi Muhammaditti erganii , ni islaamo ynaa. Wal taanaa, wajji haasoynaa, bakka akkanatti haa wal geenyuu .nama sadii qofaan koottu, nutis nama sadii qafaan dhufu je'aniin , duuba nabi Muhammad, kan nama sadiyiin wajji achi dhaqu'uu de-

دِينِهِمْ

emu, yahuudaa billaya dhoyfattee, nabi muhamaad ajjeessu'uu deemtu , Rabbiin nabi Muhammadiin, si ajjeessu'uu deemanii, hin dhaqin je'een. Akka ssitti nabi Mu hammad karaadhaa deebi'ee, ashkara islaamaa jara yahuuda'aa sanitti kaasee, mandara orma yahuuda'aa, kan gojolli jabaan itti naannayu marsee, guyyaa diiddamii tokko, gad bayuu kutee, itti seenuu kutee, nyaataa dhugaatin, duraan qopheeffatan, duraa dhumnaan , ormi munaa fiqaa , kan arabaa, kan duraan isin gargaarra, yoo Muham mad isiniin lole isiniin wajji lollaa, yoo madiina'arraa isin yaase, isiniin wajji biyyaa baana, isaanin je'an waa takka taru'uuf dhabnaan ni baanaa, akka ati feetetti biyyarraa sii yaanaa, nu dhiisi, dhumnee je'anii nabitti wowwaannan, namuu isaanirraa, meeshaa isaanii, waan gaaloo tokko ba'atuu dandayu waan miya lolaa hin tayin, fudhatee shaamitti goda anuu, nabiin eehameefii, akkasitti yahuudan, baninnadiir, walitti qabamtee , madiina'arraa shaamitti godaantee , bakka azri'aatifii, ariihaa je'a mtu, qubatte

\*godaansa wal gayaa, kan namni wal ga-

لَاؤَلِ الْحَشْرِ

yee shaamitti yaa'u kan duraa yaa'anii godaanan, yaa'u kan duraa yaa'anii godaanan.yaa'insi la mmeysa'aa kan namni wal gayee shaamitti yaa'u, kan asaab umar yahuudaa shaamitti oofe, yaa'insi sadeesa'aa, kan nam ni wal gayee shaamitti yaa'u, kan ibiddi adanii bayee, shaamitti nama oofu, yaa'insi afreessa'aa kan hoggaa qiyaaman dhaabbatte, namuu qabri'ii ka'ee, gara sham yaa'u, shaam bakka wal gayu, guyyaa qiyaam a'aati, duuba ormi yahuuda'aa kun kan wal gaya duraatif Rabbiin madiina'arraa sha-amitti yaase, dandeytii isaatin.

\*isin ormi mu'minaa, waan ormi yahuu-

مَا ظَنَنْتُمْ أَنْ يَخْرُجُوا

da'aa zalaalamii, achirraa bayan hin seene, waan isaan humna, ammallee gola guddaa, diinaggee, hedduu qabaniif jecha, waan ormi islaamaa, nama xiqqaa, humna guddoo isaanin baasuu dandayan hin qabneef jecha.

\*Ormi yahuud'aa sun wanni seye, yookaa yaade.

وَوَظَنُوا

\* Akka humnitti isaanii, dallooyni isaanii, kan mishigii godhaanii, lolaaf jaararan, waan Rabbiin isaanitti mure balaa isaanirraa deebisu siyan,

أَنَّهُمْ مَا نَعْتَهُمْ حُصُوتَهُمْ مِنَ اللَّهِ

\*Duuba balaan Rabbi, azaabni isaa, bakka isaan ifirraa hin eeginiin gama isaan nutti dhufaa hin yaadiniin, itti dhufee.

فَأَنذَهُمُ اللَّهُ مِنْ حَيْثُ لَمْ يَحْتَسِبُوا

\*Rabbiin soda qalbi, yookaa gara saanitti arbee, bakka takkattillee, if amanuu da-

وَقَدَفَ فِي قُلُوبِهِمُ الرُّعْبَ

dhabanii, waan nabi Muhammad itti muree eehaman, sodaan isaan argan tun, mu'jizaa Rabbiin na bi muhammadiif kenne, maalif n abi Muhammad ,yoo diina tokkoon lolu'uu baye,diinni hanga amma baatii takkaa jiru, soda'aaf bakka seenu wallaala, duuba wanni orma yahuuda'aa sanitti arga-e, sodaa sani.

\*ormi yahuuda'aa sun, hoggaa bayyiinsi

يُخْرَبُونَ بِمُؤْمِنِهِمْ بِأَيْدِيهِمْ

godaansaa itti muramu meeshaa waan galaa tokko tokkoo malee, waan kaan ni balleessan, waan kaan ni diigan, akka ormi islaamaa, eega isaanitii, ittin fayyadamneef, gama keessattin harka isaanii diigan utuballee buqqi-anii hulaa ifitti cufanii.

\*Akkasuma harka orma rurninaatin

وَأَيْدِي الْمُؤْمِنِينَ

manneen isaanii diigan, maalifisaan hulaajogolaa, yookaa dallayaa ifitti hidhanii, orma islaama seenuu dhoowwinaan, ormi islaamaa cabsee isaanitti seenu'uuf, manootii isaanii gama alaatin, qotanii jiysan.

2} \*Yaa warra aylii qabu, waan jara kaatti argameen gorfamaa, waan biraa kanarratti laalladha'aa.yookaa qiyaafadhaa.

فَاعْتَبِرُوا يَأْتُوا فِي الْأَبْصَارِ ﴿٢﴾

\*Odo Rabbiin shaamitti godaanuu jara sanitti muruu baatee,mandara isaanii san keessatti hafanii.

وَلَوْلَا أَنْ كَتَبَ اللَّهُ عَلَيْهِمُ الْجَلَاءَ

Silaa addunyaa tanarratti isaan qixaaxa. ormi islaamaa isaan fixee.

لَعَذَّبَهُمْ فِي الدُّنْيَا

3} \* Jara saniif aakhira'atti qixaaxa ibiddaa jaba'aatu jira.

وَهُمْ فِي الْآخِرَةِ عَذَابُ النَّارِ ﴿٣﴾

\*Jara san,wanni balaan isaanitti buutef, isaantu waaqafii ergamaa isaa dide takka khilaafe.

ذَلِكَ بِأَنَّهُمْ شَاقُوا اللَّهَ وَرَسُولَهُ

\*Nama Rabbi dhagayuu dide , Rabbiin ni qixaaxa.

وَمَنْ يُشَاقِ اللَّهَ

4} \*Rabbiin, kan qixaan'i isaa jabaati ga-

فَإِنَّ اللَّهَ شَدِيدُ الْعِقَابِ ﴿٤﴾

Afa ormi islaamaa, orma yahuuda'ii, ganda isaanitti, hanga guyyaa diidd-amii tokko marsan, ooyruu isaanii tan timiraa, tan ganda isaanitiin marsitu keessa qubaniiti taa'an, kan ormi yahuuda'aa jogolarraan ,am mallee fo-oddaa manaatin, ammallee dudda manarraan isaan argan, duuba gariin orma islaamaa, orma yahuuda'aa aarsu'uu jecha, muka tim iraa, bareedaa abbaan ooyru'uu jaalatu muranii guban, hoggaa san ormi yahuuda'aa abbootin ooyru'uu nabi muhammaditti lallabdee ati waan hamtu'urraa nama dhoowwitaa, maalif ashkara kee timira ciru'utti dhii fta je'aniin , hoggaa san Rabbiin

aayata buusee, akki orma islaamatiin je'e: hin rifatinaa waan ormi yahuu-da'aa je'u hin dhagayinaa, hin yaaddawinaa.

\*Mukni timiraa kan isin murtan.

مَا قَطَعْتُمْ مِنْ لَيْسَةٍ

\*Takkaa muruu dhabdani, somayyo'orratti dhiifan.

أَوْ تَرَكَتُمْوهَا قَائِمَةً عَلَىٰ أُصُولِهَا

\*Ajaja Rabbiitifii, fedhii isaatini.

فَمَا يَذَّكَّرُ بِهِ لِيَأْمُرَ

5} \*Wanni Rabbiin muka san maru'utti isin ajajeef. orma yahuuda'aa warra karaa Rabburraa baye san, gara gubu'uufi, waan isaan jaalatan, duraa balleessu'uun.

وَلِيُحْذِرَ الْفَلْسِيقِينَ

\*Horii yahuudaa godaantee kan Rabbiin ergamaa isaa muhammadiif deebise, yookaa kenne.

وَمَا آفَاءَ اللَّهِ عَلَىٰ رَسُولِهِ مِنْهُمْ

\*Horii san jara yahuuda'aa sanirraa hanbisu'uuf isin farda ittin yaabbanne ittin arune,

فَمَا أَوْجَفْتُمْ عَلَيْهِ مِنْ خَيْلٍ

\*Gaalallee ittin yaabbanne.

وَلَا رِكَابٍ

\*Haa tayuu Rabbiitu sodaa qalbii isaanitti darbee, biyyaa baasee, horii isaanii nabi muhammadiif kenne, Rabbiin ergamaa isaa abbaa fedherratti moosisaa.

وَلَكِنَّ اللَّهَ يُسَلِّطُ رَسُولَهُ عَلَىٰ مَنْ يَشَاءُ

6} \*Rabbiin waa hunda dandayaa , duuba

وَاللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ

ashkarri waan lola hin seeniniif jecha, horii san akka horii lolaan boojiyametti qooda keessaa hin qaban, tanaaf jecha horiin ya huuda'aa sun, akka as deemutti goodama.

\*Horiin Rabbiin ergamaa isaatii deebise.

مَا آفَاءَ اللَّهِ عَلَىٰ رَسُولِهِ

\*Warra biyyoota lolaan male'etti gabate-rraa, kan akka horii yahuudaa {ban innadiir} , ammallee {qureyza'aa} {fadak}.

مِنَ أَهْلِ الْقُرَىٰ

\*Horiin sun Rabbiifii rasuulafi.

فَلِلَّهِ وَالرَّسُولِ

\* Ammallee aalii Rasuulatiif.

وَلِذِي الْقُرْبَىٰ

\* Ammallee joollee xixiqoo abbootin irra duutefi,

وَالْيَتَامَىٰ



\*Ammallee miskiina, deegaa waan ga-  
bneefi.

وَالْمَسْكِينِ

\*Ammallee musaafiraafi, kan sinqiin du-  
raa dhumtee, waan galuun dhabe.

وَأَبْنِ السَّبِيلِ

\*Wanni akkatti goonf, akka horiin sun

كَيْ لَا يَكُونَ دُولَةً بَيْنَ الْأَغْنِيَاءِ مِنْكُمْ

dureeyyii, tees san jidduu hin naannoyneefi, akka dureeyyin tees san qofti  
horii sanatti hin fayyadamneefi, deegaa irraa hoongessanii, odoo namni akk-  
aan horii sanitti haajamu isa tayuu.

\*Waan ergamaan Rabbii isinii kenne ho-  
rii tayuu, waan biraa tayuu qeebalaa .fu-  
dhaa .waan inni itti isin ajaje dalagaa.

وَمَا أَرْسَلْنَاكُمْ إِلَّا خِدَاةً

\*waan inni irraa isin dhowwerraa dhow-  
wamaa.

وَمَا نَهَيْتُمْ عَنْهَا فَانْتَهُوا

7} \*Waaqa sadaadhaa, waaqni kan qixa-  
an'I isaa akkaan jaba'aati.

وَاتَّقُوا اللَّهَ إِنَّ اللَّهَ شَدِيدُ الْعِقَابِ

\*Haala warra waan qabnee, kan makka-  
rraa madiina'atti gadaanana ajaa'iba godhaa

لِلْفُقَرَاءِ الْمُهَاجِرِينَ

\*Isaan warra mana qabu, kan manneen  
isaanirraa baafaman.

الَّذِينَ أُخْرِجُوا مِنْ دِيَارِهِمْ

\*Kanneen horii isaanii keessaa baafaman,  
kan kuffaarri makkaa irraa isaan baase,

وَأَمْوَالِهِمْ

\*Kanneen rizqii isaanii, Rabbumarraa  
barbaadan takkaayuu eeggatan.

يَتَّبِعُونَ فَضْلًا مِنْ اللَّهِ

\*Kanneen jaalala Rabbii barbaadan.

وَرِضْوَانًا

\*Kanneen Rabbii jecha jihaada godhanii,  
rasuula isaatin tumsan, kan sanii jecha hi-  
jraa bayan,makkarraa madiina'atti god-  
aanana

وَيَنْصُرُونَ اللَّهَ وَرَسُولَهُ

8} \*Jarri sun ,isaani warri iimaanni isaanii

أُولَئِكَ هُمُ الصَّادِقُونَ

dhuga'aa , kan diin isaanii maradhatanii ,manaafii hori'iifii,gosa isaan hunda  
darbanii .beelafii.daarafii, cinqii hunda ba'atanii Rabbii jech du'a nii, yookaa  
ajjeesan isaan muhaajirootaa.

\*Warri biyya madiina'aa qubatee islaama  
qabate.

وَالَّذِينَ تَبَوَّءُوا الدَّارَ وَالْإِيمَانَ

\*Odoon warri makkaa hijraa hin bayin  
isaan insaarota je'amanii,

مِنْ قَبْلِهِمْ

\*Warri madiina'aa, ansaaronni, warra gara isaanii godaanu ni jaalatan, waan qaban waliin qoodatan

يُحِبُّونَ مَنْ هَاجَرَ إِلَيْهِمْ

\*Warri madiina`aa ansaaronni waan mu-

وَلَا يَحِدُّونَ فِي صُدُورِهِمْ حَاجَةً مِّمَّا أُوتُوا

haajiroonni argatan jibbuu garaa isaanii keessatti ifin argan ni jaalalaniif jechu` yoo nabi nuhammed nageenyi isarratti haa jiraatuu horii boonjime- rraa waa kanneef yoo bakka biraatii argatan hin jibbaniif

\*Isaan muhaajiroota lubbuu yookaa nabsee isaanii darsan san kan ifii akkaan itti haajamanillee tayanii isaan doyn`ummaa hin qaban .

وَيُؤْتِرُونَ عَلَىٰ أَنفُسِهِمْ

\*Odoo waan isaanii darsan san kan ifii akkaan itti haajamanillee tayanii isaan doyn`oommaa hin qaban

وَلَوْ كَانَ بِهِمْ خَصَاصَةٌ

\*Namni doyn`ummaa, lubbuu isarraa eegame .

وَمَنْ يُوقِ شُحَّ نَفْسِهِ

9} \*Isaanumaatu milkaaye, nama biraatii mitii.

فَأُولَٰئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿٩﴾

\*Warri muhaajiroota ansaarota booda dhufe , hanga guyyaa qiyaama`atti

وَالَّذِينَ جَاءُوا مِنْ بَعْدِهِمْ

\*Wanni isaan je`an yaa rabbi keenya nuu araarami

يَقُولُونَ رَبَّنَا اغْفِرْ لَنَا

\*Obboleeyyan keenya, kanneen amanti'iin nu dura dabreefis araarami.

وَلِإِخْوَانِنَا الَّذِينَ سَبَقُونَا بِالْإِيمَانِ

\*Warra amanti'ii yookaa islaamaa hassadu jibbuu qalbii teenya hin seensisin,

وَلَا تَجْعَلْ فِي قُلُوبِنَا غِلًّا لِلَّذِينَ آمَنُوا

10} \*Yaa Rabbii keenyaati ati kan akk-

رَبَّنَا إِنَّكَ رءُوفٌ رَحِيمٌ ﴿١٠﴾

aan rahgmata namaaf godhuu rahgmata nuu godhii du'aa'ii teenyaa tana nuu qeebali, akkanatti Rabbiin du'aa'ii tanaan ummata islaamaa hunda walitti hi-dhe wal yaadachiise, kan du'anii dab ran tayanuu, kan waliin jiran tayanuu.

\*Warra munaafiqa kan afaanin amanee gara'aan kafare hin agarree, haala isaan ajaa'iba hin goonee, warra waan gara'aan qabne afaanin je'u,

﴿١١﴾ أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ نَافَقُوا

\*Isaan obboleeyyan isaanii warra kafare, kan yahuda'aatin akki je'an: isaan obboleeyyan diinii jarri isaan je'aniin yahuudaa baninnadiirii.

يَقُولُونَ لِإِخْوَانِهِمُ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ أَهْلِ

الْكِتَابِ

\*Yoo isin madiina'arraa baafamtan.

لَئِنْ أُخْرِجْتُمْ

\*Isiniin wajji biyyaa baanaa , hin sodatinaa.

لَنُخْرِجَنَّكُمْ

\*Nutu nama isiniin lolu'utti nu kaasu nama isinii tumsuu dhabu'utti nu kaasu, nama tokkollee, abaduma hin dhageenyu, nabi tayuu, asaaba isaa tayuu.

وَلَا نَطِيعُ فِيكُمْ أَحَدًا أَبَدًا

\*Yoo diinni keessan isinitti duulee, isiniin lole isin bira dhaabbannee isin gargaarra je'aniin.

وَإِنْ قُوتِلْتُمْ لَنَنْصُرَنَّكُمْ

11} \*Rabbiin ragaa bayaa, ormi munaafi-qaa sun khijobootaa baallama yahuuda'aaf seenan hin guutaniif.

وَاللَّهُ يَشْهَدُ إِنَّهُمْ لَكَاذِبُونَ ﴿١١﴾

\*Yoo ormi yahuuda'aa sun biyyaa baafame wajji biyyaa hin bayan.

لَئِنْ أُخْرِجُوا لَا يَخْرُجُونَ مَعَهُمْ

\*Yoo orma yahuuda'aa sanitti diinni duule hin dirmataniif wajji hin lolan.

وَلَئِنْ قُوتِلُوا لَا يَنْصُرُونَهُمْ

\*Yoo fakkeessa'aaf dirmachuu dhufaniif, odoo hin lolle dheysanii if duuba gara galanii, dirmachuun isaanii, isaan hin fayyaddu.

وَلَئِنْ نَصَرُوهُمْ لَيُوَلِّنَنَّ الْأَدْبَرَ

12} \*Isaan abaduma hin gargaaraman.

ثُمَّ لَا يَنْصُرُونَ ﴿١٢﴾

\*Isin ormi islaamati, ormi munaafiqaa

لَأَنتُمْ أَشَدُّ رَهَبَةً فِي صُدُورِهِمْ مِنَ اللَّهِ

Rabbii daran sodaatuu jabeessan, wanni ormi munaafiqaa ashraaka isl aamaa, Rabbii isaan uume daran jebeessanii qalbi'iin sodaataniif, Rabbiin qixaaxa isaa irraa booda aansaa, ammoo ashkarri islaamaa habalee itti roobsa akka isaan yaadanitti.

13} \*Wanni isaan Rabbi daran nama so-

ذَلِكَ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَا يَفْقَهُونَ ﴿١٣﴾

daataniif, sababaa isaan warra haqa Rabbii hin beyne tayaniifi, silaa odoo beekanii, badii san hunda hin dalaganii, silaa azaaba Rabbii sodaataniiti, badii hundarraa dhaabbatan.

\*Ormi yahuuda'aa luynaa ,wal gayanii isi-iin hin lolan ganda diinni seenuu hin dandanye keessatti malee, ganda waan akka khandaqaa qotanii ittiin marsan keessatti malee, dirree baya nii isiniin hin lolan.

لَا يَفْقَهُونَكُمْ جَمِيعًا إِلَّا فِي قُرَى مُحَصَّنَةٍ

\*Takkaa dallaya,duuba dhaabbatan ma-lee, isiniin hin lolan.

أَوْ مِنْ وَرَاءِ جَدْرِ

\*Wal diddaan isaan jidduu jirtu jabdu'u, malli isaanii tokkon tayu.

بِأَسْهُمٍ يَنْهَمُّ سَدِيدٌ

\*Orma yahuuda'aa san hoggaa laaltu, waan bakka takka , mala tokkorratti jiran seta

تَحْسَبُهُمْ جَمِيعًا

\*Haa tayuu qalbiin isaanii bakka addaan

وَقُلُوبُهُمْ شَتَّى

jirti yaanni isaanii adda adda, qaama isaanitiifii , qalbiin isaanii wal dhabdi, maalif qaamni isaanii bakka takka jiraa, lubbuun isaanii adda facaatuu sodaan isaanitti jabaatuu keessa.

14} \* Qaamni isaan ii bakka takka jiraatee qalbiin isaanii adda adda jiraatun aylii dhabuu isaanirraayi isaan warra aylii hin qabne kan akka hori'iiti, kan haala tokkorratti walii hin galle.

ذَلِكَ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَا يَعْقِلُونَ ﴿١٤﴾

\*Haalli yahuuda'aa sun,akka haala kuf-

كَثَلِ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ قَرِيبًا

faara waa xiqqo isaan dura dabreeti, isaan kuffaara makkaatii, wanni yahuuda'atti argame, waan kuffaara makkaa qureyshiitti argame fakkaata, queryshin namni waa nu ghodhu hin jiru, jetteeti if abdattee {badri} dhayxee, duuba achitti Rabbiin sodaa itti gad Iakkisee caphan yahuudaa dura waa xiqqo, yahuudanis gibbii teenyatu nuu tola munaafiqatu nu gar gaara jetteeti if abdattee, duuba Rabbiin sodaa qalbii isaanitti darbee caphan. Laal-essuutu isaanif jira.

\*Jarri sun hundi balaa dilii isaanii addunya'arratti dhandhamanii jiran.

ذَاقُوا وَبَالَ أَمْرِهِمْ

15} Ammas aakhira'atti azaaba isaan laal-essuutu isaanif jira

وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿١٥﴾

\*Ammas haali yahuuda'aa, tan munaafiqqa, booda isaan jalaa gara gale dhageessee badde, akka haala nama sheyxaanni Rabbitti kafari isaan je'e dhagayeeti.

كَمَثَلِ الشَّيْطَانِ إِذْ قَالَ لِلْإِنْسَانِ اكْفُرْ

\*Duuba namichi inni kafari je'een kafarraan.

فَلَمَّا كَفَرَ

\*sheyxaanni akki je'een; an sirraa qu-lqulluu.

قَالَ إِنِّي بَرِيءٌ مِنْكَ



16} \*An azaaba Rabbii waa hunda uumetan sodaadhaa ,azaabni nama kafaree jabaadhaa.

\*Duuba boodden warra nama jalliseetifii, warra isaan dhagayee jallatee, ibidda azaabaa seenuu.

\*Kan zalaalamii azaaba san keessa taa'an.

17} \*sun jazaa warra badee, nama ball-eessetii.

\*Yaa warra amane, waaqa sodaadhaa waan inni itti isin ajaje dalaga'aa, waan inni irraa isin dhoowwerra dhowama'aa,

\*Lubbuun hundi waan guyyaa boruutii dabarsite yookaa guyyaa qiyaama'aatif dalagatte haa laaltuu, waan isi'ii tolumoo waa isii miidhuu addaan haa hubattuu.

\*Waaqa sodaadhaa, waan gaarii dalagadhaa , waan hamtu'urraa fagaadhaa, aaqi-Ilii namajiruu boruutifdalaguu.

18} \*Rabbiin waan isin dalaydan hunda keessa beekaa, kheyrii taatuu sharrii taatuu, toltuu taatuu, hamtuu taatuu. azaaba ibiddaa haqa godhate.

\*Isin akka warra rabbi irraanfatee ubbii rabbi dhagayuu dhiisee badee hin tayinaa

\*Kan sababaa sanin rabbi dantaa lubbuu isaanii isaan irraanfachiisee waan isii fayyadu dalaguu dhiisan

19} \*Warri dubbii rabbi dhagayuu dhiisee sun warra karaa rabbirraa baye , kan azaaba ibiddaa haqa godhate .

\*Warri Rabbii isaanitti kafaree azaaba ibiddaa haqa godhateefii, warri Rabbitti amanee jannata haqa godhate wal qix-aamiti.

إِنِّي أَخَافُ اللَّهَ رَبَّ الْعَالَمِينَ ﴿١٦﴾

فَكَانَ عَاقِبَتُهُمَا أَنَّهُمَا فِي النَّارِ

خَالِدِينَ فِيهَا

وَذَلِكَ جَزَاءُ الظَّالِمِينَ ﴿١٧﴾

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا اتَّقُوا اللَّهَ

وَلْتَنْظُرْ نَفْسٌ مَّا قَدَّمَتْ لِغَدٍ

وَاتَّقُوا اللَّهَ

إِنَّ اللَّهَ خَيْرٌ مِمَّا تَعْمَلُونَ ﴿١٨﴾

وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ نَسُوا اللَّهَ

فَأَنسَاهُمْ أَنفُسَهُمْ

أُولَئِكَ هُمُ الْفَاسِقُونَ ﴿١٩﴾

لَا يَسْتَوِي

20} \*Warri jannata haqa godhate isaani warri milkaaye akkuma warri ibiddaa hoongaye.

أَصْحَابُ النَّارِ وَأَصْحَابُ الْجَنَّةِ أَصْحَابُ الْجَنَّةِ هُمْ الْفَائِزُونَ ﴿٢٠﴾

\*Qur'aana kana, odoo gaararratti buufnee, aylii akka aylii namaa keessa keenyee.

لَوْ أَنْزَلْنَا هَذَا الْقُرْآنَ عَلَى جَبَلٍ

\*Silaa kan sodaa Rabbiitif baqaqu garta

لَرَأَيْتَهُ خَشِعًا مُّصَدِّعًا مِّنْ خَشْيَةِ اللَّهِ

duuba qur'aana gaarri dhaga'aa odoo isa qara'ee Rabbi sodaatee soda isarraa baqaqu , qalbiin namaa hoggaa isa qaraatu Rabbi sodaattee, hin jiinee mitii keessattuu kuffaari, wanni namarra jiru, hoggaa qur'aana qara'an **ma'naa** isaa : gad qabani laalanii. booyu'u, takkaa akka nama booyuu if godhu'u.

\*Fakkeessaa dubbii tan dubbanne san namaaf dubbii ibsu'uuf dubbanne.

وَتِلْكَ الْأَمْثَلُ نَضْرِبُهَا لِلنَّاسِ

21} \*Akka dubbii gad qabani laalanii keessa baranii, amananiif.

لَعَلَّهُمْ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٢١﴾

\*Inni qur'aana buuse Rabbi waaqa.

هُوَ اللَّهُ

\*Kan isa tokkicha malee Rabbiin yookaa waaqni biraa hin jirre.

الَّذِي لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

\*Kan waan nuraa fogo'oo, sirrii hunda beekhu,

عَلِيمُ الْغَيْبِ

\*Kan waan namni beekhu, waan mul'atu hunda beekhu.

وَالشَّهِدَةِ

22} \*Isa kan rahgmata xiqqa'aafii gudda'aa. addunya'aafii aakhira'atti nama qananiisu,

هُوَ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ ﴿٢٢﴾

\*Rabbiin isa kan isa malee Rabbiin biraa kan ibaadaa yookaa gabbaruu haqa godhatu hin jirre.

هُوَ اللَّهُ الَّذِي لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

\*Kan waa hunda uumee qabu , kan waan fedhe dalagu , argamsiisu'uufii dhabamsiisu'uun ,ajaju'uufii dhoowwu'uun, mootii wahayyuu harka isaa jirtu.

الْمَلِكِ

\*Kan waan uumame fakkaatu'urraa qu-Iqullaaye Rabbiin waa takka hin fikkaatu, wanni takkalleen isa hin fakkaatu.

الْقُدُّوسِ

\*Kan waan fafa, yookaa iruu taye hu-

السَّلَامِ

ndarraa qulqullaaye takkaa nagaya tayee , takkaayuu ma'naan isaa : kan jannata keessatti gabroottan isarratti salaammatu, addunya'arratti anbiy oot-arratti salaammatu jecha, takkaa kan gabroottan isaa nagaya godho jechu'u.

\*Kan anbiyoota isaa mu'jizaa kenneefii dhugo'oomsu, kan waliyyoota karaamaa kenneefii dhugo'oomsu, takkaa ma'naan isaa: kan gabroottan isaatif, baallama isaanif seene, dhugo'oomsu jechu.

الْمُؤْمِنُ

\*Kan waan gabroottan isaa dalagan eegee , waan isaan dalaganiin ragaa itti bayu kan waan qalbii namaa keessa jiru argu, quba qabu.

الْمُهَيْمِنُ

\* Jabaa waa takka isa hin injifanne.

الْعَزِيزُ

\*Kan gabroottan isaa waan fedhetti dirqu, kan nam tokkolleen, waan inni fedhe malee, waan biraa dalaguu hin dandeenye,

الْجَبَّارُ

\*Kan waan isaan hin mallerraa guddate.

الْمُتَكَبِّرُ

23} \*Rabbiin waan kuffaarri shariika isaaf godhee itti qixxeessu hundarraa qulqullaye

سُبْحَانَ اللَّهِ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٢٣﴾

\*Rabbiin isa waa khalaqu, isa waan hin jirre uume.

هُوَ اللَّهُ الْخَلِيقُ الْبَارِئُ

\*Kan suuraa fedherratti bifa fedherratti , waan fedhe uumu .

الْمُصَوِّرُ

\*Rabbiin maqootii gaggaarii sagaltamii

لَهُ الْأَسْمَاءُ الْحُسْنَىٰ

sagal qaba, tan nabi muhammad hadiisa keessatti nu barsiise, kan namni maqootii san qomatti qabate, takkaa haffaze, jannata seenuu, kan yoo isi'iin Rabbi waa khadhatan hin dhabne.

\*Wanni sami'iifii dachii keessa jiru hundi, Rabbi tokkicha waan isaan hin mallerraa hundarraa qulqulleessiti ,arrabaan takkaa haalan.

يَسِيعُ لَهُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Rabbiin kan injifatuu malee, wanni takka isa hin injifanne.

وَهُوَ الْعَزِيزُ

24} \*Kan waa hunda akka maluun dalagu, kan wanni inni dalagu akka malee hin

الْحَكِيمُ ﴿٢٤﴾

taane. Hadiisa ibnu {mardaweyhi} odeesse keessatti nabi muhammad naggeeny isarratti haa jiraatuu akki je'e ; namni hoggaa sadii shayxaanarraa mag-

anfatee aakhira yookaa dhuma { suuratulhgashruu } qara'e, Rabbiin ma laa-  
ykaa torbaatama ergaaf tan shayxaana namaalifii shayxaana jinni'ii irraa

47} \*Rabbiin duraan bishaan dhala`aa

وَأَنَّ عَلَيْهِ النَّشَأَ الْأُخْرَىٰ ﴿٤٧﴾

uume ammas kan guyyaa qiyaama'aa uumaa biraa nama uumu, isuma dur-  
aan waan hin jirrirraa, nama uumetu, lammad guyyaa qiyaama'aa ,Iafe'eefii  
foon biyyee tayerraa, uumaa namaa deebisa.sun waan rabbiin odeessee, if  
qabsiisee, waan argamuun oolle .

48} \*Rabbiin isuma,kan abbaa fedhe du-  
roomsee, abbaa fedhe hiyyoomsu .

وَأَنَّهُ هُوَ أَعْيَىٰ وَأَقْنَىٰ ﴿٤٨﴾

49} \*Ammallee rabbi in isuma kan { shi-

وَأَنَّهُ هُوَ رَبُّ الشَّعْرَىٰ ﴿٤٩﴾

kgraa }uume {shikgraa} jechuun urjii akkaan iftu,tan waytii oow'aa baatu  
jechu' . urjii tana gosa arabaa tan ( khuzaakgaa) je'amtuuu ibaaduu ture.  
Duuba rabbiin akkaje'een: si rabbii urjii tana uumedhiiftaniiti , urjii inni  
akka isin uumetti, uume,

50} \*Rabbiin , kan ummata {ummata Ra-  
bbiin eega kgaad} je'arnu, jabaa, isatti  
kafare, lafarraafixe ,isaan ummata (nuu-  
hg) lafarraa fixee argamsiiserraa kan dura  
dursooti.

وَأَنَّهُ أَهْلَكَ عَادًا الْأُولَىٰ ﴿٥٠﴾

51} \* Ammallee rabbiin isa, kan umrnata  
{ thamuud } kan isatti kafare,lafarraa fixee  
.kan nam tokko isaanirraa hin hambisin  
.nama amane malee

وَتَمُودًا إِفَّا أَبْقَىٰ ﴿٥١﴾

\*Rabbiin isa,kan ummata kgaadifii tham-  
uud dura ummata (nuuhg) lafarraa fixee

وَقَوْمَ نُوحٍ مِّن قَبْلُ ﴿٥٢﴾

52} \*Maalifummanni (nuuhg) sun umm-  
ata akgadifii thamuurra dilii dalagee,  
wasanaa baye. kan nabi{ nuuhg} bara  
dhib sagaliifii shantama isaan keessa  
taa`ee .diinaa Rabbitti isaan yaame,waa  
xiqqo malee ittin amanne .

إِنَّهُمْ كَانُوا أَكْثَرًا ظَلَمًا وَأَطْعَىٰ ﴿٥٢﴾

53} \*Rabbiin biyya {mu'tafikaa } je`amtu

وَالْمُؤَنَّفَكَةَ أَهْوَىٰ ﴿٥٣﴾

dachii isaanii 01 fuudhee,garaan isaan galche { mutafikaa } jechu un ganda  
ummata nabi {luux } ,kan ummanni sun nabi luuxitti amanuu didanii  
Rabbitti balleessinaan.jibriil itti ergee ,



goflaa isaatin.ganda san lafarraa buqqisee,samii keessa ol dabarsee,ganda san hunda,gad gombisee ,awaale. gubbaajala godhee.jala gubbaa godhee ,warra ummata san irraa , gaafas imaltuu jirus,hoggaa isaan deebian ,dhagaa samiii , itti roobsee fixe.

54} \*Akkasitti ganda nabi luuz san balaa hamtuurraa wanni itti bu`ee itti buee isii hagooge. sun gubbaan isiii, jala tayeeJalli gubbaa tayee,warra imaltuudhaa galetti, dhagaan roobu'uu ,

فَغَشَّاهَا مَا عَشَى ﴿٥٤﴾

55} \*Si yaa ilma namaa, qananii Rabbii

keetii ,tan tokkumaa isaatifii dandeytii isaa beysiftu, hedduu tana keessaa tam shakkit ee , kijibsiifta? wanni sirraa barbaadamu isiin gorfam u'u ma-lee, isii shakkitee khijibsiisu'uu mitii ?

فَبِأَيِّ آلَاءِ رَبِّكَ تَتَمَارَى ﴿٥٥﴾

\*Waa takka beekhaa erga aan kiyya Muhammad, nama azaaba Rabbii.isin sodachisu, azaaba yon kafartan seentan , kan yoo amantan jalaa baatan .

هَذَا نَذِيرٌ

56} \*Nabi Muhammad, akkuma ergamo-

ota kiyya kan isa dura dabreeti .akkuma isaan ummata isaanii, azaaban sodaachisanii , karaa hamaarraa dhoowwan ,inninis azaaban isin sodaachisee ,irraa isin dhoowwaa .waan warra,gorsa ergamoota kiyyaa dhagayuu didetti bue .agartanii .isinin yoo isa dhagayuu baattan , takkaa diddan , sanumaatu isin eeggataa , beekhaa ..

مِنَ النَّذْرِ الْأُولَى ﴿٥٦﴾

57} \* Qiyaaman dhiyaatte.

أَرَفْتِ الْأَرْزَاقَ ﴿٥٧﴾

58} \* Duuba gaafa isiin dhuftee , cingii`iin

khalqii hagooyde, namni Rabbiin tayin kan cingii san jalaa nama baasu hin jirre . kan azaaba gaafasii namarraa deebisu Rabbi malee hin jirre, kan nama Rabbitti amane malee, namni biraa azaaba jalaa hin baane. Duuba maal eydaniin amanuu diddan?

لَيْسَ لَهَا مِنْ دُونِ اللَّهِ كَاشِفَةٌ ﴿٥٨﴾

59} \* Si isin ormi kuffaaraa , qishnaaaf , takkaa tuffiiif quraana kana takkaa waan isinii odeessine, kana, ajaaiba gootanii .

أَفَيْنَ هَذَا الْحَدِيثِ تَعْجَبُونَ ﴿٥٩﴾

60} \* Si hoggaa quraana dhageessan , hin boochanii inumaa ni kofaltanii si hoggaa

وَتَضْحَكُونَ وَلَا تَبْكُونَ ﴿٦٠﴾

quraanni.oduu warra ka faree, kan Rabbiin balaa itti buuse dubbate , hin boochanii ni khofaltanii ? silaa hayni keessan, bakka imimmaan boochan ,dhiiga booyu'uu ,waan Rabbitti balleessitan,ni beytanii , haatayuu isin hin boochanii , inumaa ni khofaltan

61}\* Isinii aakhiraa irraanfate kana dun-

وَأَنْتُمْ سَمِيدُونَ ﴿٦١﴾

yaan isin daydee, isiii dalaguu malee ,waan biraa dhiiftanii,qalbiin isin oggoydee,akka dhagaadhaa isin taatee . inumaa dhaga' arra jabaatte .ma alif dhagaan gariin , kan soda Rabbiitii je'ee , baqaqee bishaan keessaa madduutu jiraa .

62}\* Duuba isinan, gorsaa if dhaqqaba-

فَأَسْجُدُوا لِلَّهِ وَاعْبُدُوا ﴿٦٢﴾

adhaa amana`aa rabbi isin uumef sujuuda isuma ibaadaa tokkummaa isaa yaadaa waan namaafii mukaafii jinni`irraa rabbitti qindeessitanii ibaaddan dhiisaa kan ibaadaa haqa godhatu rabbi tokkicha isiniifii waan birallee uumee hoggaa aayata tana qara`an sujuuda tokko sujuudan .